# Know Your Rights! Mirga Keessan Beekaa!

*Current as of December 2, 2024*

Amma yeroo Guraandhala 2, 2024 ti

Sources: Immigrant Legal Resource Center, National Immigration Law Center

Eenyullee pirezidaantii haa ta'u, namni Ameerikaa keessa jiraatu hundi Heera Ameerikaa jalatti mirga bu'uuraa qaba. Godaantonni waraqaa hin qabnes mirga kana qabu. Mirga kee beekuun barbaachisaadha. Yoomii fi akkamitti akka mirkaneessitu beekta. Mirgoota kana qabaattus, qaamni seera kabachiistuu fi qaamoleen mootummaa biroo sarbuun ni danda'u.

Yoo mana keessatti, daandii irratti, ykn bakka kamittuu warra Immigreshina fi Customs Enforcement (ICE) ykn seera kabachiistoota biroo si mudatan/qunnaman mirga akka qabdan yaadadhaa, akkasumas akka barruu dhugaa kana keessatti ibsametti of ittisuu dandeessu.

**Callisuuf mirga qabda**

- Qondaaltota immigireeshinii waliin dubbachuu diduu dandeessa.
- Gaaffii kamiifuu deebii hin kenninaa. Callisuu akka barbaaddus itti himuu dandeessa.
- Bakka itti dhalatte ykn akkamitti akka U.S. seente homaa hin dubbatin.

**Kaardii mirga kee beeku/know-your-rights qabadhu, yoo qondaalli immigireeshinii si dhaabe itti agarsiisi.**

- Kaardiichi akka callisuu barbaadduufi fi abukaatoo kee wajjin haasa'uu akka barbaaddu ibsa.
- Kaardii mirga kee beekuu bilisaa ILCM irraa gaafachuu dandeessa.

Balbala irraa hin baninaa.

- ICE’n mana keessan seenuuf, eyyaama mana murtii abbaa murtiin mallattawe, maqaa fi addressikee/teessookee sirrii qabaachuutu irra jiraata.
- Balbala keessaan  yoo qondaalli ICE eyyama siirrii isinitti agarsiise male irraa hin baninaa.
- Bakka bu’aan ICE yoo waraqaa ragaa sitti agarsiisuu barbaade, foddaa irratti qabachuu ykn balbala jalaan sitti kennu/siiqsuu danda’u.

**Abukaatoo keetti dubbachuuf mirga qabda.**

- **Salphumatti, “Abukaato kiyyatti haasa’uu barbaada jechuu dandeessaa.”**
- You can simply say, “I need to speak to my attorney.”
- Yoo ICE ykn qaamoleen seera kabachiisan biroo si gaafatan abukaatoo kee si waliin qabaachuu dandeessa.

**Haga abukaatoo/lawyer keetti dubbattutti, wanna kamiyyuu hin mallattesin.**

- ICE'n akka mirga keessan abukaatoo ykn abbaa murtii arguu fakeessani isin mallateesisuu danda'u
- Waraqaa tokko mallatteessuu kee dura qabatamaan maal akka jedhu hubachuu kee mirkaneessi.

**Yeroo hunda sanadoota immigireeshinii seera qabeessa ta’e kamiyyuu qabdu qabadhuu deemi.**

- Yoo hayyama hojii/workpermit ykn kaardii magariisaa/greencard seera qabeessa ta’e qabaatte, harkatti qabadhaa, yoo enyummaa keessan agarsisisu barbaadaniif isin gargaara.
- Waraqaa biyya biraa irraa dhufe kan akka paaspoortii biyya alaa qabattee hin deeminaa. Waraqaawwan akkasii adeemsa biyyaa ari’uu keessatti si irratti fayyadamuu danda’u.
- Waraqaa ykn dokumentii sobaa kamiyyuu hin qabatina.
- Abukaato kee waliin haasa’uu kee dura sanadoota agarsiisuu isin hin barbaachisu.
- Polisa ykn ICE’n yoo si dhaabaniif akka mirgakeetti fayyadamtuuf kaarda know-your-rights yeroo hundaa of waliin qabaadha

**Tasgabba'uuf yaala haga dandeessan, hin fiiginaa**
**Yoo fiigde, ICE’n ykn Polisiin haqa male mana murtiitti sirratti fayyadamu.**

Yoo sochii ICE kan akka sakatta’iinsa ykn hidhaa argitan:
Viidiyoo, suuraa kaasuuffi barreeffamaa qabachuuf mirga qabdu.

Giddu-galli Seera Godaantotaa Minnesota (ILCM) dhimmoota immigireeshinii adda addaa irratti godaantota galii xiqqaa qabaniif tajaajila seeraa immigireeshinii bilisaa ni kenna. Odeeffannoo dabalataa akkaataa nuti isin gargaaruu dandeenyu ilaalchisee, maaloo marsariitii keenya www.ilcm.org daawwadhaa ykn 1-800-223-1368 irratti nu bilbilaa.

This ILCM fact sheet is current as of
December 2, 2024.
This is not legal advice.